# 11. AKKA YAKOBOONI WAAQAN WOLWOLLAANE

## Uumama 32,33

Eegi Yakobooni ganna gudda fula abuya isa Labanii taae, inni horii gudaafi, ijolle heddufi, hojjatoota heddulleni ineebifame. Duuba ato oboleesa isa Esaau, kha inni sobe eeba abaa irra fud’ate, sodaatelle akka Kanaaniti deebiu male herrege.

Kanaaniti diaannaani, Yakobooni hori heddu ufdura isaati erge akka qoonqo d’eeta. Jari ergani kaani dachae waan Yakobooni jed'e, “Oboleesi kanke Esau ya garre; inninu nama d'ibba afuri fud'ate fuula keesa si d'ufu jira”. Tana d'ageennaani Yakobooni nahe, lubbuuni d'ufte, Waaqa yaamate waan jed'e, “Ee Waaqa, Waaqa akhaakhu kiyya Abrahamutiifi abba kiyya Isaaqo, siti, ‘Lafafi worra keesaniti deebii, nagaya si guuta’ naani jed'e; naasufi jaalala ta atini naa, hojattu tante, garsiifte anini himmalleefi. Anini duri gaafa galaana Yordani taake, ule tiyya male, woma tokole inqabu; amma gumifi hori karra lama kana qaba. Amma si kad'ad'a, harka oboleesa kiyya Esau keesa na baasi. Anini insodaad'a, aka inni d'ufe nu ch'ufa had'e balleesu, nad'eenifi ijoollele. Ammo atini qara waan jette, Anini nagaya si guute si daraarse ijoolle heddu ta aka maansa galaana si tolcha jette.”

Galaana Yordaniitin baanani, Yakobooni kae nad'eeni isaatifi, hojjatu isatifi ijolle isa taakisiise, ufii koba eegeti hafe. Jennaani nami inni imbeenne d'ufe isaani wolwolaane, haga biiftuuni baatuti. Nami suni aka Yakobo indabsanne arge jennaani tafa d'ae miitati buqise. Inni waan Yakobooni jed'e, “Lafti ya bariite, gadi na lakisi, indeema. Yakobooni, Illakisu, haga atini na eebiftuti jed'eeni.” Namichi waan jed'eeni, “Maqaani ke eenu?” Jennaani inni, “Yakobo” jed'e. Namichi waan jed'eeni, “Maqaani ke armaa achi Yakoboniti. Atini ya Waaqafi namaani wolmorkitani lachu dabsatte, tanaafi maqaani kanke Israeli taha.” Yakobooni waan jed'e, “Ya Waaqaani fuula keesa wolargine iraa hafe.”

Akkuma Malikaani deemteni, Yakobooni Esau arge. Inni ufdiqeese isa duraati jilbiifate, duuba Esauuni naasufi haraarani isa fudhate, akka Waaqi guddo Yakobo eebise arge guddo maadefate. Yakobooni ijoole isa arginaan eeba Waaqa ta isa waliin jirtu arge. Duuba Yakobooni horii heddu Esauu kenne, wan isaan jed’e “Fuula kanke arguuni kiya, ak waan fuula Waaqa arge nati jirti, waan atini naasun na fudhateef. Horii anini sii dhufeen kana narra fudhadhuu waan Waaqo tola eeba isa naa kenneefi.” Eegi suni, Yakoboofi Esauuni nagayaan ganna heddu waliin fidamani.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u>: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Nam si bira taauni waan kana wolhaasaa: Jireenna kanke keesati atin takkuma haala jajaba si sodaachise akka atin qarqaarsa d'abde si tolche kees baate? Akkam taate re?

**<u>ODUU: Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha: -</u>**

**<u>Waan WAAQA irra maan baranna?</u>**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? (Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni gudda waan chufa moohatu)**
    - Inni Yakobo ijollefi horilleni ineebise.
    - Inni onne Yakoboo jijiire ammalle dhugeefacha isaalle ijaare.
    - Inni Yakobo akka nama iti mullate, isa naafise.
    - Inni akka onneen Esau Yakobo laaltu jijiire akanani isa tisse.
    - Inni Yakobo lafa Kanaani, lafa kakhu geese.

- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
- Waaqi akka Yakobo Lafa Kakhuuti deebisu iti hime.
- Waaqi gaafa nama fakaate Yakobooti mullate fula inni jiru imbeekhe.
- Waaqi soda fi yaado Yakoboo imbeekhe.

**Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu)**

Yakobooni kha waan fuula Waaqa arge jiraatu ufhinseini, jiraanan guddo mame. Akka nama woma himbaaneti uflaale.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
    - Yakobooni jaalalafi amanamumma Waaqa arginaani isa kadhate.
    - Waaqi Yakobo tisse, lafa isaati deebise, ato wonti sunin tokolleeni isaa himmalinillee.
    - Waaqi onne Yakoboo jijiire. Inni wollala ufi arge, ufi diqeese Waaqati hirkate.
    - Waaqi tafa Yakobo naafise akka inni akka irre ufiiti d'aabachuu himmalin yo chufa isa qaabsisu. Ammo akka inni irre Waaqati d'aabatu.
- Waaqi ineeyame akka Yakobooni isa ilaan arge duuba jiraatu, ato inni chubbicha tahellee.
- Waaqi onne Esau jijiire, akka inni oboleesa isaati araaramu.
- Egi Yakobooni fuula Waaqa arge duuba lubbuni isa baate, inni dandae fuula Esautifi araarafi jaalala isa inarge. Tunini akka toil eeba Waaqa kara Kristotini worra isa kha filatame dhaqabu garsiisa.

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu)**
  - Waaqi Yakobo lafa isati deebise, isa tisse ammalle eebise akanaani oobju isa guute.
  - Inni nama filatame kha kakhu Abrahamuu dhaalu injabeese, nami sunini kha maati isa keesa Baasani guyya tokko dhalatu.

<u>**Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?**</u>

- Yakobooni waan Esauuti chubbameefi akka dallansuun Esauu isaa malte beekhe.
- Yakobooni akka qarqaarsa hinqamne arge, Waaqa barbaade.

<u>**Akka ILMEEN NAMAA GARA WAAQA D'UFTU irra maan baranna?**</u>

- Waaqi nama ufdiqeese isaati hirkate inowaataafi. Yakoboni tola eeba Waaqa arge isa duraati sarme.
- Yakobooni Waaqa abdate ufdiqeese fuula Esau dura dhufe.
- Waaqi ufumaani namaati dhufe, namaan wolwoldae, jireenna is keesati hojjate onne isa jijiira, akkuma inni lafe tafa ta Yakoboo tuqe ammalle isati dubbate suni.

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u>**:**

- **Waaqi lafe tafa Yakoboo tuqe isa laafise. Jacob was weakened by God touching His hip.** Karaan Waaqi dandae "lafe tafa nama tuquuni" kami fa? Kara dhibiini, karaani Waaqi dandae nu laafise akka nu isaati hirkannu nu tolchuuni kami fa?
- Yakobooni akka oboleesa isa Esaauti wolaale beenani ufdiqeese isa dura ejje. Yo nu nama nu gufachiimne bifa ufdiqeesitii tanaani dura dhumne, maanti nurra hamaata? Oduuni tunini akkamiini gara nu jabeesiti?

<u>**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**</u> (Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Waaqi kara kamiini "lafe tante tafa tuqe?" akkan jechuuni, atin kara kamiini laafin ufiraati dhageeta?** Waaqi bifa tamiini jireenna kanke keesati hojjachuuti jira akka atini isa dhugeefatu?

- **Nami atin jireenna kanke keesati iti chubbamte eenu fa? Atin eenu araarama gaafachu feeta?** Oduun dansaani kara khamiini akka atini dandeete wolaala kanke himate ammalle araara worraafi Waaqalle gaafatu si qarqaarti?